Namoonni bakka walga’ii isa keessatti Rabbiin hin zakkarin tokko irraa ka'an taanan akka nama reeffa herree ka'ee ta'an malee hin hafan, akkasumas sun isaanitti gaabbii ta'u malee hin hafu

Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Namoonni bakka walga’ii isa keessatti Rabbiin hin zakkarin tokko irraa ka'an taanan akka nama reeffa herree ka'ee ta'an malee hin hafan, akkasumas sun isaanitti gaabbii ta'u malee hin hafu».

[sirrii] [abuu daawud odeesse]

Rasuulli -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namoonni bakka walga’ii wahii taa’anii osoo isa keessatti Rabbiin hin zakkarin ka'an taanan, akka nama reeffa harree ajaayaa fi xuraa'aa ta'e irraa ka'ee ta'an malee akka hin hafne himan; sababni isaas haasaan zikrii Rabbii irraa waan qabamaniif jecha, akkasumas bakki walga'ii sun guyyaa qiyaamaa isaaniif sheenaa, hanqinaa fi gaabbiin isaanif irraa hafiinsi hin jirre isaanitti ta'u malee akka hin hafne himaniiru.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3910